# 3-A. UUMAMA NAMA D’IIRATI FI KHA UWWA

**Uumama 2:5-25**

Gaafa qara fiit’ee Waaqi lafaafi gubba uumee, guyya jaesso, Waaqi nama d’iiratifi kha uwaalle uume. Inni akkana tolche uume!

Waaqi biyye lafa iraa fuud'e nama tolche, hafuura jireennaa funaaniti afuufe, nami suni sunumaani jiraate lubbu argate. Maqaan isa Adamu. Waaqi oobru Edeni jed’anille infach'aase. Inni mukeeni guddo ilti namaa jaalattu, ta mid'aani isii guddo sagale dansaa oobru suni keesati baase. Wod'aka oobru suni keesati mukha baase; kha jireennatiifi kha waan dansaafi hamtu ch'ufa nama hubachiisu. Jennaani Waaqi nama kaani fuud'e oobru Edeni keesa kaye, aka inni qote jabeesu.

Duuba Waaqi waan jed'eeni, “Mid'aani oobru tana ke jira ch'ufa nyaad'i, ammo mid'aani mukha waan dansaafi hamtu ch'ufa gargari nama hubachiisu inyaatini, yo nyaatte guyyuma suni doota.”

Jennaani Waaqi waan jed'e, “Nami kunini ka koba tau dansaniti, wahela isaa male tolchaafi.” Duuba Waaqi bineensa ak akaa ch’ufa namichatiini d'ufe, akaanaani namichi binensa ch’ufa tok tokooni maqa baasefi. Ammo Adamuuni waheli isaa male keesaa d'abe.

Jennaani Waaqi aka jaba isa rafise, duuba ato inni rafu, ch'inaacha isaa toko keesaa fuud'e, fulla suni akuma duriti deebise. Duuba ch'inaacha keesaa fuud'ani kaani nama uwa tolche, namichi irriba kaanani, isatiin d'ufe. Jennaani namichi nama uwwa arginaan waan jed'e, “Muumme irrati! tunin lafe lafe tiyyati, ammalle fooni fooni kiyyati. Nama uwa isiini jed'ani, waan isiini d'iira keesaa baateefi.

Tanaafi d'iirti abbaafi haad'a ufii lakifte niiti ufitiini takaa taati, worri lamaani nafa takaa taha. Namichafi niitiini qulla oobru kees yaani, ammo gaafasi waan ch'eera imbeekhani.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u>: Gaafi ato oduu inhimnee gaafatan gumii gaafadhu akka akka worri lam lamaan wolhaasau.**

- Wold’aqiis jireenna kanke keesati, guddo sii jabaa qaabad’u. Nam si bir taauti himi, ammalle waan nami atin qaabate sunini sii jaba taefille beesisi.

**<u>ODUU</u>: Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI:</u> Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**

**<u>Waan WAAQA irra maan baranna?</u>**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (akka inni waan ch'ufa harka qabu, akka inni ch'ufa irra jiru, yokhan guddinna isa irra)**
    - Waaqi namicha biyye irra uume, uwwiti ammo ch'inaacha namicha irra uume.
    - Waaqi qileensa namichati afuufe jireese.
    - Waaqi waan nam uumefi jabeenna nam iraati qaba.
    - Akka waaheli isaa feesisu garsiisufi, Waaqi uumama ch'ufa Adamuti fide.
- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch'ufa jiru irra maan himti?**
    - Waaqi akka nam d'iiratifi kha uwwalle uumani imbeekhe.
    - Waaqi akka namichi ch'eekhae imbeekhe.
    - Waaqi waahel dansa namichaa male beekhe uume.
    - Waaqi seera ormaata fi bultuma ilme namaati kennu imbeekhe.
- **Oduun tunini qulqulooma Waaqa irra maan himti? (akka Waaqi kha dhugaa tahe, akka inni qajeela tahe, akka inni abba seera tahe, akka inni ch'ubbuu jibbu, akka inni gati ch'ubuu duisaan baasu).**
    - Wonti Waaqi uume ch'ufti waan q'itooma qabaati.
    - Waaqi Adamu, akum ufi, ch'ubbu male uume.
    - Waaqi ilme nama, mid'aani mukha waan dansaafi hamtu ch'ufa gargari nama hubachiisu, irra seere. Ammalle Waaqi, worra imbeesise akka isaan adaabu, yo worri isaa ajajamu dide.
    - Gatiin ajajamiisa d'abiisa, duisa. Waaqi ch'ubbu waliin fidamu hindandau. Ch'ubaaleyilleni Waaqa waliin fidamu hindandeetu.
- **Oduun tunini TOLA-EEBA Waaqa (Naasu isa, akka inni namaan wolhaasau, arjooma isatifi dansooma isa) maanin garsiiftí?)**
    - Waaqi ch'eekhu adamu arge, fala kenneefi.
    - Waaqi waahela qitt'e tokko Adamuu uumme.
    - Waaqi Adamu fi Hawaiille mukha ak worri sooratu kenneefi, mukha tokko male.
    - Waaqi ilme namaa huji jabdu kenneefi ta worri lafa mohate ammalle qorqoratu.
    - Waaqi ilme namaatti indubbati.

**Waana ilmee NAMA irra maan baranna?** (Oduu tanaafi Kitaaba Umaama 1 keesaleeti) Uumama 1 waan Waaqa irra maan nuti hima:

- Waaqi fakkeenna isa gula nama uume. Nami fuula Waaqa duraati gati guddo qaba.
- Akkas jechuuni- nami akkuma Waaqa hafuura qaba. Inni dandeeti beekhe, jaalate, amalle Waaqaa ajajaamuuni qaba.
- Waaqi waahela namaa kenne, angoo uumama chufa irrati kenneefi, sagaleelle kenneefi.
- Waaqi nama irraati jabeenna qaba.
- Waaqi namaati indubbate. Waaqa biraati wold'aqiiisi waan gati guddo qabu.
- Waaqi ilme nama huji gati guddoo iti kenne. (Lafa guutuu fi uumama irratti aangoo qabaachuu.)
- Namichi akka niiti isa waliin wold'aqiisa qabaatu. Waaqa biraati fuud'i waan gati guddo qabu.
- Nama d'iiraatifi kha uwwaalle chubbu malee uumani. Worri kha ch'eera tokolle ind'ageenne qulla yaae.

**Gaafi ballinaani Huji irra oolchuu malan:**

- Guyya arra, kara kamiini humna fi jaalala Waaqa argita – si uumuu Isaa keessatti yookaan nama ati jaalatu keessatti? Wonti kunini waan Waaqafi jireenna kanke irra, akkam si d'ageesifti? Humni Isaa jireena kee keessatti kara kamiini si qarqaaru danda'a? Kara kamiin ammo si miidhuu danda'a?
- Waaqi hinjijjiiramne; inni amaantanalle qulqulloo amma ch'ubbu injibba, AMMALLE inni ch'ubbu teetille imbeekha. Waan kan beekuni kara kamiini jireenna kanke jijiiru qabdi?
- Eennuti fuudhaa fi heeruma uumee? Oduun tun akka nu fuudha keenna hubannu nu qarqaarti?
- Yo fuudhi kee jecha Waaqa irrati hundaae ijaarame, kara kamiini fuudhi ke fuudha aada teeti kees jiruuni kha adda taha?
- Adamuuni niiti argannaani gammachuun guutame. Isan jari dhiira, uwoole teesan irra maan jaalatani ammalle ulfeesiitan? Kara kamiin jaalalafi ulfinna worra agarsiiftan?
- Isan jari uwwa, kara kamiini dhiirsole teesan ulfeesitani amalle sarmitaniif akka durdeemafi qorqorata keesani?

**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):** (Gaafi tan keesa tokko yokhaani lama filadhu, adda iti d'aabadhu).

- Waaqi seera atin guldeemu malte layyu sii kenne, ammo kha atin ajajamu irrati si rakkise injira?
- Kara fuud'a keetitiini atini kara kamiini Waaqa ulfeesuti jirta? Atin kara kamiini Waaqa ulfeessu dadhabuuti jirta?